Washington State Department of Social & Health Services

Transforming lives

Beeksisa DSHS Shaakala Dhuunfaa Odeeffannoo Fayyaa Maamilaaf

DSHS Notice of Privacy Practices for Client Medical Information

Fulbaana 23, 2013 irraa eegalee hojiirra oole

DSHS Labsii Dabarsuufi Itti Gaafatamummaa Odeeffannoo Fayyaa keetii si beeksisuu qaba. (45 CFR 164.520). DSHSn "ulaa walxaxaadha." DSHS hundi HIPAA hin aguugamu, sagantaawwan tarreeffaman qofa Qabiyyeewwan Kunuunsa Fayyaa marsariitii DSHS HIPAA tiin aguugsmu. Beeksisi kun maamiltoota sagantaawwaniin warra aguugaman qofa ilaallata. Kun mirga gargaarsa argachuu keerratti dhiibbaa hin qabaatu.

Beeksisni kun odeeffannon fayyaa waa'ee kee attamitti akka fayyaduufi mullatu ibsa akkasumas attamitti akka odeeffannoo kana argattu. Maaloo qalbiidhaan xiinxali.

PHIn Maali?

Odeeffannoon Fayyaa Eegamaa (PHI) odeeffannoo fayyaa maamilaa DSHS kan HIPAAtiin aguugamuuti. PHI odeeffannoo fayyaa haala ykn sadarkaa, kunuunsa fayyaa fudhatte, ykn kaffaltaa kunuunsa fayyaa si waliin walqabatu. DSHS odeeffannoo HPI seeraan eeguu qaba.

DSHS waa'ee koo PHI maal qabaa?

Akka tajaajillu nu gargaaruuf, bakka kee, odeeffannoo maallaqaa kee ykn galmeewwan fayyaa kee dabalatee odeeffannoo fayyaa ykn wallaansa fayyaa kee kennuu barbaachisuu mala. Waa'ee kee PHI maddawwan biroo si tajaajilan ykn si kunuunsan irraa argachuu ni dandeenya.

PHI koo Eenyutu Argaa?

Hojii keenya nu gargaaruuf kan nu gargaaru PHI xiqqoo qofa ilaalla. Yoo ati eyyamte ykn seeraan eyyamame PHI sagantaawwan ykn nakoota biroof qooduu dandeenya. Fakkeenyaaf, kunuunsa fayyaa kee qindeessuufi kaffaluuf PHIn kee Abbootii Taayitaafi dhiyeessitoota kunuunsa fayyaa biroof kennamuufi fayyaduu ni mala. PHI kan darbe, kan ammaafi fuula duraa qooduu dandeenya.

DSHS PHI attamii qoodaa?

PHI kee warri kaan hojiif barbaadaniifi seeraan eyyamame qofa qoodina. Tarreeffama eenyu akka PHI kee dhimmaa fayyadame gaafachuu ni dandeessa.

DSHS yoom PHI Qoodaa?

Tajaajila qindeessuufi wallaansaa, kaffaltiifi hojii kunuunsa fayyaaf "Baruu barbaannaa irratti hundoofnee" PHI qoodina. Fakkeenyaaf, murteessuudhaaf kan nuti odeeffannoo qoodnu:

- Wallaansi fayyaa kan dhiyeessuu qabu.
- Karaa dhiyeessitoota kunuunsa fayyaa tajaajilawwan fayyaa kaffaluu barbaanna.
- Sagantaawwan DSHS argachuuf ni gitta.
- Kunuunsi ati dhiyeessitaata irraa argattu ulaagaa seeraa ni guuta.

PHI koo Ilaaluu?

PHI kee ilaaluu ni dandeessa. Yoo gaafatte, garagalcha PHI kee ni argatta. DSHS koppiiwwaniif si kaffalchiisuu ni danda'a.

PHI koo Jijjiiruu nan Danda'aa?

PHIn kee dogoggora jettee yoo yaadde, akka jijjiirruuf nu gaafachuu dandeessa ykn PHI dabaluu ni dandeessa. Jijjiirama kamiyyu warra koppii PHI kee qaban gaafachuu ni dandeessa.

PHI koo namni ta'e yoo barbaade maaltu ta'a?

Akka PHI qoodnuuf unka mallatteessuuf si gaafachuu dandeenya yoo:

- Tajaajilawwan ykn kunuunsa dhiyeessuuf eyyama kee barbaanna;
- Dhaabbta buiraatti PHI kee akka erginu barbaadda ykn dhiyeessitootaaf sababa qabatamaa ta'een seeraan osoo hin eyyamamiin kennuu hin dandeessu;
- Yoo PHI nama ta'eef kan akka abbaa seeraa, fira ykn bakka bu'oota biroof kennuu barbaadde.

Eyyamni PHI kee qooduu hanga guyyaa dhumaa ati keesseetti. PHI ati tarreessite qofa qoodna. DSHS tii barreessuun eyyama kana haquu ykn jijjiiruu ni dandeessa.

Beeksisa DSHS Shaakalawwan Dhuunfaa Odeeffannoo Fayyaa Maamilaa
Fulbaana 23, 2013 irraa eegalee hojiirra oole

DSHS eyyama koo malee PHI koo qooduu danda'aa?

Yeroo barbaachisaa ta'etti DSHS PHI eyyama kee malleee qooduu danda'a. Seeraan, PHI kee qooduuf gaafatamuu ykn qooduuf eyyama argachuu ni dandeenya. Fakkeenyi muraasni kan dabalatu kan barbaachisu:

- Gabaasa balaawwan daa'imaa ykn acuuccaa ga'eessotaa ykn Tajaajilawwan Eegumsa Daa'imaa, poolisii ykn dhaabbilee biroo.
- Ajaja mana murtiitiin waraabbii dhiyeessuu.
- Dhaabbileen hojii DSHS xiinxalaniif PHI kenni.
- Dhaabbileen tajaajilawwan fayyaa warra dhiyeessaniif eyyama kennan warra akka neersii manaafi hospitaalaaf qoodi.
- Yoo tajaajilaawwaniifi bu'aawwaniif ga'aa taate, PHI dhiyeessitoota tajaajilaaf qoodi ykn dhaabbileen si kunuunsaniif qoodi ykn akka barbaachisaasaatti.
- PHI guddistootaafi maatii warra fedhii barbaadaniif kenni.
- PHI qorannoof gargaaramuuf.
- Waanti atattamaa yoo jiraate ykn dhimma balaa damdamachiisuuf PHI fayyadami ykn mullisi.

PHI koo Qooduu Daangessuu nan Danda'a akkamitti taasifadha?

PHI kee fayyadamuufi qooduu murteessuuf gaafachuu ni dandeessa garuu nuti fudhachuu dhiisuu malla. PHI kee bifa addaan ykn bakka addaatti akka siif erginus gaafachuu ni dandeessa.

Seera Cabsuun Maalii?

Seera cabsuu jechuun PHI kee HIPAA jalatti hin eyyamamiin fayyadamuu ykn mullisuu, hannaan, dogoggoraan ykn haakeriitiin baduu dabalachuu danda'a. HIPAA jalatti PHI n kee yoo seera malee ta'e si beeksifna.

Koppii beeksisichaa argachuu danda'aa?

Eyyee. Beeksisni kun keeti kaawwadhu. Beeksisa kana karaa elektiroonikii yoo argatte, koppii waraqaadhaan gaafachuu ni dandeessa nuti tokko siif kennina.

Yoo shaakalli dhuunfaa PHI jijjiirame maaltu ta'aa?

Beeksisa kan waliin walii galuu qabna. Beeksisa kana jijjiiruudhaaf mirga qabna. Yoo seerri ykn shaakalli icciitii dhuunfaa jijjiirame, odeeffannoo waa'ee beeksisa haarawaafi eessatti akka argamuu siif ergina ykn sitti ergina.

Waa'ee beeksisa kanaa yoon gaaffii qabaadhe ykn waa'ee mirga PHI koof eenyuunan qunnama?

Waa'ee beeksisa kanaa gaaffii yoo qabaatte, Waajira Icciitii Dhuunfaa DSHS qunnamuu ni dandeessa DSHSPrivacyOfficer@dshs.wa.gov ykn (360) 902-8278.

Mirgi dhuunfaa PHI koo sarbamuusaa eenyuttan gabaasaa?

Yoo mirgi dhuunfaa PHI koo sarbameera jettee yaadde, karaa kanaa komii dhiyeefachuu ni dandeessa:

DSHS Privacy Officer, Department of Social and Health Services, PO Box 45115, Olympia WA 98504-5115 ykn karaa DSHSPrivacyOfficer@dshs.wa.gov iimeelii godhaa. Yoo komii dhiyeeffatte, DSHS tajaajila kee hin jijjiiru ykn hin dhaabu akkasumas sirratti haaloo hin ba'u.

YKN

Komii kee karaa toora interneetiin galfadhu: https://ocrportal.hhs.gov/ocr/cp/ fuuladuraa kmii.jsf ykn kanatti barreessuun: Office for Civil Rights, US Department of Health and Human Services, 200 Independence Avenue, S.W., Room 509F HHH Bldg., Washington, D.C. 20201, Lakkoofsa bilnilaa (800) 368-1019. Komiin kamiyyu kan DHHSf dhiyaatu erga sarbamuun jira jedhamee kaasee guyyoota 180 keessatti dhiyaachuu qaba.

Washington State Department of Social & Health Services
Transforming lives

BEEKSISA DSHS SHAAKALA ICCIITII DHUUNFAA ODEEFFANNOO ICCIITIIDHAAN QABAMANIIF
Fulbaana 23, 2013 irraa eegalee hojiirra oole

Galata

Acknowledgement

(Yeroo DSHS wallaansa kunuunsa fayyaa kallattii kennuu barbaadama)

MAQAA MAAMILAA	GUYYAA IRRA DEEBII:

Garagalcha Beeksisa Icciitii Dhuunfaa DSHS fudhadheera akkasumas attamitti akka DSHS Odeeffannoo Fayyaa Dhuunfaa koo itti fayyadamuufi qoodu carraa gaaffii gaafachuu argadheera.

MALLATTOO MAAMILAA YKN BAKKA BU'AA DHUUNFAA	GUYYAA

FAYYADAMA DSHS QOFAAF

Yoo mallattoo maamilaa ykn bakka bu'aa dhuunfaa ofii argachuun hin danda'amu ta'e kan guutamuu qabu.

Carraaqqiiwwan maamilli akka Shaakala Beeksisa Icciitii Dhuunfaa (NPP) fudhatu taasifame ibsi:

Sababii galateeffachuun hin fudhatamneef ibsi:

MAQAAFI GA'EE HOJII ISTAAFII (MAALOO BARREESSI)	BULCHIINSA/DAMEE

MALLATTOO ISTAAFII	GUYYAA